

## Mammaaksota Oromoo Qubee “W” n Jalqaban.

- 1 Waan biyyaa bilbilli iyya
- 2 Waan Dabruuf maqaa hin dabarre hin fuudhan
- 3 Waan dhufu hin beekanii saree tana akaayii barsiisaa
- 4 Waan gaarii seetee mimmixa dhuka ykn bobaa jala kaawwate.
- 5 Waan qabaniin gabaa bahu.
- 6 Waan uffattu hin qabduu aguuggattee haaddi
- 7 Waan waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu
- 8 Waan warri waarii jedhu ijoolleen waaree jetti
- 9 Waanyoon yoo kufan waan caban nama seeti!
- 10 Waaqatu nu eega jedhanii balbala banaa hin bulan
- 11 Waaqayyo beekee bofa miila dhowwate
- 12 Waaqni duumessaa'e roobuu hin oolu
- 13 Wacitii abbaan cabsee kaa'e, kan dhiqee kaa'e itti kakata.
- 14 Wal jaalateef lafoon wal hin hudeeltu!
- 15 Wallaalaan bishaan keessa dhaabatee dheebota
- 16 Wallaalan bishaan keessatti dheebota!
- 17 Wanta odeessanii fi wanta bobeesan hin dhaban.
- 18 Waraabessa darbee sareen dutte.
- 19 Waraabessi biyya ofii nama haanyaatuu.
- 20 Waraabessi guyyaan yuuse beekkachiise
- 21 Waraabessi waa nyaatu tokkuma kan maqaan badu hunduma
- 22 Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaa jedhe.

- 23 Warra afaan walii beekuu, harreetu balbala cufa.
- 24 Warra walnyaatu jidduudhaa waa nyaatu
- 25 Warri guddaan aduuree wasaasaa baata
- 26 Warruma keennaa harreen hin taane jedhe namichi booyee ari'ee.